
## › EENYU KAN DHIBEE SOMBATIIF QORATAMUU QABU?

- Nama dhukkuba TB daddarbaa qabu waliin wal-qunnamtii namoota qaban.
- Namoota sababa sochii guyyaa guyyaa fi hojii isaaniitiif dhukkuba TB'f saaxilamoo ta'an.



## › WALLAANSA AKKAMII FUDHACHUU QABDU?

**Mallatto dhukkuba sonbaa yoo qabataan ogessi fayaa qorchaa dhukkuba kanaa ittisuu qabaa chuu danda'a.** Yallinkun dhukkubichaa fayyisuuf miti sababini isaa qorchuu yeroo nu hajjejametti hin dhukubsane garaa fulli duratti mallatto dhukkuba sonbaa (tivii) akkahin gudaanef. Kuni qoricha farra baakteriyaa 1 yookiin 2 guyyaatti ("Nicotibine" yookin "Rifampicin") ji'a 3 hanga 6tti  fudhachuu of keessatti qabata.

Dhukkuba sonbaa ta'uu isaa yoo mirkaneeffame dhukkuba kanarra ofii ittisuun barbaaachisaadha. Yallin isaa dheradha yoo xiqatte hi'ota 6fii yeroo maraa qor chaa bay'ee ta'e (anitibaayoo=tikkiks) fudhachu qabdu. Qorchaa kaanaa haala yoo fudhatan caraan fayyuu isaan dhibban dhibatti.



## NU QUUNNAMUUF


Fonds des Affections Respiratoires asbl

› **Garee Giddugalaa**
Rue Haute, entrée 290 - 807A
1000 Bruxelles
Bilbila: 02 512 29 36 - Fax : 02 511 14 17
prevention.tuberculose@fares.be

› **Giddugal dhibee Sombaa ittisuu Biraasals**
Bilbila: 02 538 05 95
cpt.bruxelles@fares.be

› **Giddugal dhibee Sombaa ittisuu Hainaut**
Bilbila: 071 31 35 04
cpt.hainaut@fares.be

› **Giddugal dhibee Sombaa ittisuu Liège**
Bilbila: 0474 57 16 98 / 0474 57 17 24
cpt.liege@fares.be

› **Giddugal dhibee Sombaa ittisuu Luxembourg**
Bilbila: 0474 57 17 28
cpt.luxembourg@fares.be

› **Giddugal dhibee Sombaa ittisuu Namur fi Brabant Wallon**
Bilbila: 0474 57 17 10 / 0476 96 28 27
cpt.namur-brabantwallon@fares.be


FARES
Fonds des affections respiratoires asbl


Oddeeffanoo dabalataa
**www.fares.be**

vivalis.brussels INAMI Wallonie Relance AVIQ


Éditeur responsable : Pr. Van Vooren, FARES asbl. D/2020/5052/1
Illustrations : Christian Papazoglakis – Layout: www.cdcsasbl.be – 11/2024 – Version septembre 2025


OROMO

# WAA'EE DHIBEE SOMBAA (TB) MAAL BEEKTU?



FARES
Fonds des affections respiratoires asbl

## DHIBEE SOMBAA (TB) JECHUUN MAALI?

Dhukkubni Sombaa ykn TB dhukkuba jarmii "TB bacillus" ykn "Koch bacillus" jedhamu irraa dhufudha.
TB'n yeroo baayyee somba kan miidhu ta'us, kutaalee qaamaa biroo kanneen akka lafee, garaacha, tiruu ykn sammuu faaluu danda'a.

## DHIBEE TB'TIIN EENYUTU QABAMUU DANDA'A?




Dhukkubin Sombaa (Pulmonary TB) dhukkuba dadarbaa dha.

Jarmiiwwan TB (baasilasi) soomba nama dhibee TB'n qabame keessatti argamu. Namni dhukkuba kanaan qabame yeroo qufa'u, haxxiffatu ykn dubbatu, jarmoonni gara qilleensaatti tamsa'u.
Namni biraa qillensa san gara keessaatti yeroo harganu, jarmoonnis achumaan qaama keessa seenu.

Kanaafidha namni kamiyyuu Jarmii TB'n(Baasilasii) qabamuu danda'u. Haa ta'u malee, namoonni tokko tokko namoota kaan caalaa carraa dhukkuba kanaan qabamuu isaanii guddaadha. Akkaataa jireenyaa fi hojii ati hojjettu irratti hundaa'uun, yoo namoota TB qaban waliin irra deddeebiin wal quunnamte carraan dhukkuba TB'f saaxilamuu kee

## GARAAGARUMMAAN DHUKKUBA TB DHOKATAA FI DHUKKUBA TB GIDDUTTI JIRU MAALI?

Jarmiiwwan TB (baasilasii) yeroo gara keessaatti hargantu somba keessa seenu. Ittisni qaamaa kee jarmii ofirraa haleela, yeroo baay'ee immoo isaan dhabamsiisu.



Jarmiin qaama kee keessatti yoo hafe, yeroo baay'ee "rafaa" ta'a. Kana jechuun balaa hin qaban jechuudha. Infeekshinii TB dhokataa qabda, garuu hin dhukkubsattu ykn hin daddabarsitu.

Yoo nama umuriin guddaa, baayyee xiqqaa ykn dhukkuboota birootiin laaffatte taate ittisni qaama kee jarmii sana ofirraa loluuf gahaa miti.

Yoo akkas ta'e,Jarmiin TB (baasilasii) qaama keessatti dhookatee ture ni dammaqa, ni baay'ata akkasumas dhukkubni TB si qaba.

Yoo dhukkuba TB kan somba miidhu qabaatte mallattoolee armaan gadii agarsiisuu dandeessa:

- Qufaa
- Qufaa akkee qabu (yeroo tokko tokko dhiiga qabu)
- Dadhabbii
- Ho'iinsa qaamaa
- Hurka(dafqa) halkanii
- Hir'ina Ulfaatinsa qaamaa

**Kanneen keessaa tokkoon yoo rakkattan daftanii hakiima mariisisaa!**

















## AKKAMITTI NAMOOTA TB DHAAF SAAXILAMAN ADDAAN BAAFACHUU DANDEESSA?

'Tuberculin' gogaa qaamaa jalatti lilmoodhaan waraanuun hakiimonni TB'n qabamuu kee akka beekan isaan dandeessisa. Yoo akkas ta'e, erga lilmoo waraananii guyyaa 3-5 booda deebiin/malattoon ni mul'ata. Qorannoon kun qorannoo gogaa tuberculin jedhama (duraan 'intradermal reaction' ykn qorannoo 'Mantoux' jedhama ture), innis ogeessa fayyaatiin ibsamuu/hiikamuu qaba.

Yoo qorannoon kun pozaatiivii ta'e raajii laphee (X-ray) gochuun dirqama:

- Yoo X-ray laphee rakkoo hin qabaanne (normaala ta'e), infekshinii TB dhokataa qabda jechuudha.
- Yoo kana hin taane, Dhukkuba TB Pulmonary adda baasuuf qorannoon dabalataa ni barbaachisa (fkn.TB 'Bacillus' akkee sombaa bahu keessa barbaaduu).